# Namna Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii isa hubachiisa

Mu'aawiyaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiidhaa -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e, jedhe: «Namna Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii isa hubachiisa, ani qodaadha, Rabbi ni kenna, ummanni kun ajaja Rabbii irratti gadi dhaabbachuu irraa hin deeman, namni isaan faallesse isaan hin miidhu, hanga ajajni Rabbii dhufutti».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii Rabbii hubachuu isaaf akka kennu himani, nabiyyiin immoo -nagaa fi rahmanni irrs haa jiraatu- rizqii, ilmii fi kan biroo waan Rabbiin isaanitti kenne irratti qoodaadha, dhugaatti kan kennu Rabbuma qofa, kan isa malee jiranu isaan sababaa hayyama Rabbiitiin malee fayyaduu hin danda'an, akkasumas uummatni kun haqa Rabbii irratti gadi dhaabbachuu irraa akka hin deemnee fi namni isaan faallesse hanga qiyaamaan dhaabbatutti akka isaan hin miine himaniiru.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5518